GAGGEESSITOOTA GUDDISUU

BARSIISA MACAAFA QULQULLUU

# SEERA (THE LAW)


©2022 HTTP



# 1. Kutaan Kakuu Moofaa inni jalaqabaa Seera jedhama.

Wanta amma Kakuu Moofaa jennu kana keessaa Yesuus kutaawwan garaa garaa sadii eereera (Luqaas 24:25-27, 44-48 ilaalaa). Macaafota Kakuu Moofaa hunda keessaa tokko illee caqasuu baatus, akkuma waliigalaatti caaffatootni qulqullaa'oon hundi akka macaafa tokko ta'anitti yoo ibsaman, caaffatoota sana keessa immoo akka kutaawwan sadii jiranitti adda baasee ibse. Sababiin Yesuus caaffattoota qulqullaa'oo kakuu moofaa keessa jiran hundumaa akka macaafa tokko qofaatti ibsee bira darbuu hin barbaanneef immoo caaffatootni sun yeroo sanatti macaafa maramaa irratti waan caafamanii tureefidha. Caaffatoota Kakuu Moofaa kana hundumaa immoo bakka tokkotti maraan qabachuu danda'u hin turre. Dubbii Luqaas macaafa Hojii Ergamootaa keessatti dubbate irratti hundaa'uun, Phaawulosis, kutaawwan caaffata qulqullaa'oo garaa garaaf beekkamtii kennuun isaa ifadha (Hojii Ergamootaa 24:14 fi 28:23 ilaalaa).

Kutaan macaafa qulqulluu inni jalqaa Seera jedhama. Seera keessa macaafota shantu jira: Uumama, Ba'uu, Lewwoota, Lakkoobsaa fi Keessa Deebii. Isaan kun yeroo tokko tokko macaafa Musee ykn Pentatikii jedhamu. Barreessistootni Kakuu Moofaas ta'ee kan Kakuu Haaraa lamaanuu barreessaan Seeraa Musee akka ta'e dubbataniiru. Seerri kutaawwan macaafa qulqulluu warra hafan shanan irraa wanti adda isa taasisu kutaawwan hafan shananuu seera keessaa wantoota barbaachisan fudhachuu isaaniiti. Seerri, macaafota jiran keessaa isa jalqabaa waan ta'eef caaffatoota boodarra dhufan kan biroo keessaa odeeffannoo fudhate hin qabu. Garuummoo, caaffotoota qulqullaa'oo warra kaan hundumaa keessatti caqafamaniiru (ykn waabeffamaniiru).



## 2. Cuunfaa tokkoon tokkoo macaafota Seera keessa jiranii.


Uumama – Macaafni kun waa’ee uumamaa, kufaatii dhala namaa, jireenya iddoo dhaabaan ala jiruu, bishaan badisaa biyya lafaa irratti dhufee fi kakuu addaa Waaqayyo Abrahaam waliin dhaabbatee ibsa. Macaafichi guddummaa dhala dhala Abrahaam ibsuudhaan goolabama.

Ba’uu – Macaafni kun waa’ee jireenya sabni Isiraa’el Gibxi keessatti dabarsee fi akkaataa ittiin biyya Gibxii keessaa baafaman, akkasumas ijaarsa Godoo iddoo buufata Waaqayyoo fi lubummaa ibsa.

Lewwoota - Macaafni kun immoo seerota irratti dhimma. Kun immoo uumamumaan erga Godoon buufataa ijaaramee; seerri lubummaa Seera Ba’uu keessatti hundeeffameen booda itti fufee kan dhufedha. Macaafni kun yeroo Isiraa’elonni naannoo tulluu Siinaa jiranni kan caafame ture (Lewwoota 25:1, 26:46, fi 27:34 ilaalaa). Kanaafuu, yerichi baroota 40 lafa onaa keessatti dabarsaniin dura ture jechuudha. Waa’een baroota kanaa baay’inaan Lakkoobsa keessatti dubbatameera.

Lakkoobsa - Kunimmoo waa’ee waggoota 40 lafa onaa keessatti dabarsanii kan ibsudha.

Keessa Deebii - Kun immoo lallaba sadii otoo Museen hin du’iin yeroo muraasa duraa fi otoo sabni Isiraa’el galaana Yoordanosiin ce’anii lafa kakuu isaanii hin ga’iin dura Museedhaan lallabamanidha.




# 3. Barreessaa fi Gulaalaa Seeraa.


Museen barreessaa Seeraati (Uumama, Ba'uu, Lewwoota, Lakkoobsaa fi Keessa Deebii). Akkasumas immoo Museen Faarfannaa 90 barreesseera. Macaafa guddaa kutaa shan qabu kanas kan barreesse yeroo Isiraa'elonni erga galaana Diimaa qaxxaamuraniin booda lafa onaa keessa jooraa turanitti ta'a. Museen nama amantiiti (Ibiroota 11:23-28 ilaalaa). Inni waa'ee Kiristoos isa dhufuuf jedhuu ni beeka, waa'ee isaa barreesseera, akkasumas immoo amantii dhufaatii isaa irraa qabu sababeeffachuun jireenya rakkinaan guutame filate (Yohaannis 1:45, 1 Phexiros 1:10-12 fi Ibiroota 11:23-28 ilaalaa). Dubbii Phexiros isa duraa 1:10-12 irraatti hundaa'uun, Museen akka wantootni inni barreesse kun saba Waaqayyoo warra gara booddee gargaaruu fi gara Kiristoositti isaan geessus ni beeka ture.

Caaffatootni Musee kennaa Waaqayyo biraa karaa Musee saba Waaqayyoof kennamanidha (IzIra 7:6 ilaalaa). Museen barreessaa macaafichaa ta'uu isaa Kakuu Moofaa keessattis kan ifa ta'ee mul'atedha (1 Mootota 2:3, 2 Mootota 14:6, 2 Seenaa Baraa 8:13, 23:18, 25:4, 34:14, 35:12, Izira 6:18, 7:6, Naheemiyaa 1:8-9, 13:1, fi Daani'el 9:11, 13) fi Kakuu Haaraa keessatti immoo (Mat. 19:7, 22:24, Mar. 1:44, 7:10, 12:19, Luq. 16:29, 31, 20:37, 24:44, Yoh. 1:17, 45, 5:45-46, 7:19-23, 8:5, 9:28-29, HoE 3:22, 15:21, 26:22, 28:23, 2 Qor. 3:15, fi Ibr. 7:14 ilaalaa). Seerri yeroo tokko tokko "Macaafa Musee" jedhamee waamama (Naheemiyaa 13:1 ilaalaa).

Haa ta'u malee, Museen barreessaa akka barreessaa seeraatti beekamus, tokkoon tokkoo jechoota seera keessa jiranii hin barreessine. Akka fakkeenyaatti, Keessa Deebii 33 hin barreessine, sababni isaas, 33:1 waa'ee du'uu isaa dubbata. Keessa Deebii 34 akkasuma waa'ee du'a Musee dubbata. Inni jechoota kana barreessuu hin danda'u. Kun jechoonni gulaalaas seera keessa jiraachuu isaaniif ragaa dha (akkasumas immoo yaada ibsa dabalataa gulaalaan kennaman Seera Uumamaa 12:6. 13:7 fi 36:31 keessa ilaalaa). Gulaalaan kunis immoo Waaqayyoon kan gaggeeffamee fi akkuma Musee, nama amantii ture. Innis akkuma Musee nama Kiristoos isa dhufu eegaa turedha. Gulaalichi erga Museen du'ee waggaa dheeraa booddee barreesse. Akka Keessa Deebii 34:10 irratti ibsametti, waa'ee raajota Isiraa'el keessa jiranii kan Musee booddeedhaan dhufanii


qorachuudhaan, tokkoon isaanii illee akka Musee akka hin taane labsa, sababni isaas immoo tokkoon isaanii illee akka Museetti Waaqayyoon fulaaf fuulatti hin beekan. Gulaaltichi raajii isa Museen waa'ee isaa Keessa Deebii 18:15-19 keessatti dubbatee eegaa ture. Innis immoo raajummaa waa'ee raajii isa kan biraa isa dhufuuf jedhuuti. Gulaaltichi yeroo dubbii isaa boqonnaa seeraa isa dhumaa keessatti barreessu, akka dubbistootni isaa raajichi ammayyuu akka hin dhufne beekan barbaada. Gulaaltichi nama amantiiti! Namoonni akka raajicha isa Waaqayyoon fulaaf fuulatti arguuf jiru sana eeggachuu isaanii itti fufan waamicha godhaaf! Yesuus immoo raajicha isa lakkoofsota kana irratti waa'een isaa dubbatamee turedha (Yoh.  1:17-18 fi HoE 3:22-23 ilaalaa).





## 4. Akkaataa ittiin Museen hidda dhalootaatti fayyadamee Seera Uumamaa qoqqoode.


Museen yeroo Seera Uumamaa barreesetti lakkoofsota boqonnaa (ykn lakkoofsa luqqisii) fayyadamuun addaan hin qoqqoodne. Kun Seerri Uumamaa barreeffamee waggoota kumaa oliin boodadha kan itti dabalame. Qooda kanaa garuu Museen duraaduuba dhalootaatti fayyadamuun addaan qoqqoode. Bakki inni yeroo jalqabaatiif duraaduuba dhalootaa kana kaayyoo kanaaf fayyadame Uumama 2:4 irratti: “Seenaan uumamuu waaqaa fi lafaa akka kana ture. Yeroo Waaqayyo lafa, bantiiwwan waaqaas uume.” Bakka kanatti duraa duuba dhalootaa dabaluun isaatiin, Museen macaafa isaa keessatti “boqonnaa” haaraa jalqabuuf akka jedhu agarsiisaa jira jechuudha. Boqonnaan kun addatti waa’ee “bantiiwwan waaqaa fi lafaa” ti. Uumama 1:1-2:3 yaada seensaa Museen barreessedha. “Boqonnaan” isaa inni jalqabaa Uumama 2:4 irraa jalqaba. Itti fufee immoo Museen yeroo duraa duuba dhalootaa kan biraa Uumama 5:1 irratti fayyadamu argina. Kunis immoo Seera Uumamaa keessatti “boqonnaa” haaraa jalqabsiisa. “Boqonnaan” kunis Uumama 6:8 irratti xumurama. Kanaafis ragaa kan ta’u Museen “boqonnaa” haaraa Uumama 6:9 irratti jalqabuu isaati. Akkasumas Uumama 10:1, 11:10, 11:27, 25:12, 25:19, 36:1 fi 37:2 ilaalaa.



## 5. Taateewwan gara jalqabaa ta'an dubbistoota taateewwan gara boodaaf qopheessu.

Taateewwan Seera keessatti ibsaman baay'een isaanii garee namoota muraasaa kan hirmaachisanidha. Haa ta'u malee, yeroo hedduu taateen xiqqaan kunniin gara taatee itti aanee dhufu gara isa namoota baay'ee hirmaachisuutti baay'ata. Wanti taatee isa gara fuulduraatti dhufuuf akka calaqqeetti gargaaru kun macaafuma Musee keessatti illee raawwateera. Taateen tokko suuraa xiqqoo taatee isa itti aanee dhufuuti. Dhimma kana irratti akka dubbistootni isaa hariiroo taateewwan jidduu jiran ilaalaniif yeroo Museen ifa godhu argina, sababni isaas immoo innis taateewwan uumaman ibsuuf jechootuma wal fakkaatan waan fayyadamuufidha. Akka fakkeenyaatti, Abrahamaan sababii beelaatiif gara biyya Gibxii deeme. Fari'oon immoo haadha manaa Abrahaam fudhachuuf hawwe, kun immoo yoo raawwate karoora Waaqayyo karaa Abarahaamiin saba isaa ijaaruuf barbaade hambisa. Sababii Waaqayyo Fari'oonii fi saba isaa irratti dha'icha fideef Abrahaam karuma Fari'oon akka Gibxi keessaa ba'u taasifame. Abrahaamis qabeenya guddaa waliin biyya Gibxii keessaa ba'e (Uumama 12:10- 13:1 ilaalaa). Taateen biyya Gibxii keessatti Abrahaam irratti ta'ee fi haalli inni ittiin biyya Gibxii keessaa ba'e calaqqee xiqqoo wanta fuulduratti yeroo sabni Isiraa'el biyya Gibxii keessa turee fi achi keessaa birmaduu ba'e raawwateeti (Ba'uu 1-14 ilaalaa). Taateen ba'uu sabni Isiraa'el keessa darbe sunis, namoota baay'ee kan hirmaachise yoo ta'eyyuu, innis agarsiiftuu ba'uu isa guddaa isa dhufuuf jedhuuti —innis sababii hojii karaa Kiristoos hojjetameen walitti qabaminsa namoota Waaqayyoo guutummaa biyya lafaati. Kanaafuu, suurri xiqqoon waa'ee Abrahaam sun agarsiiftuu taatee ba'uu isa guddaa yoo ta'u taateen ba'uu inni guddaan kun immoo agarsiiftuu fayyina sabni Waaqayyo karaa Kiristoos argatuu ti. (Isaayaas 11:10-12:6 fi Ermiyaas 23:1-8 ilaalaa).

Taateewwan akkasii kun baay'een macaafa Musee keessa jiru. Taateen bara durii kunis saba Waaqayyoo warra har'a jiraniif hiika guddaa qaba. Taateewwan durii kun yeroo sabni Waaqayyoo Waaqayyoon barbaaddatanitti amantii isaanii ijaaruuf isaan gargaara. Haaluma ittiin Waaqayyo baroota durii akkuma seera keessatti ibsameetti saba isaa birmaduu baaseen ammas saba isaa baroota dhufanittis akkaatuma caaffata qulqullaa'aa keessatti ibsametti birmaduu in baasa.


GENESIS 1-11
GENESIS 12-50
EXODUS - DEUTERONOMY
BOOK OF MOSES

## 6. Seensa Seenaa namoota lamaa ofitti aansee dhufe.

TKaraa biraatiin immoo macaafni Musee seenaa namoota lamaa wal cina qabee dhiyeessa: Abrahaamii fi Musee. Caaffanni waa’ee namoota dhuunfaa irratti xiyyeeffatu immoo caaffata Seenaa Jireenyaa (Biography) jedhama. Kanaafuu, macaafni Musee akka macaafa seenaa jireenyaa namoota lamaa qabutti ilaalamuu ni danda’a. Namoonni jireenya namoota kana lamaanii waliin jireenya isaanii wal bira qabuun jireenya akkamii jiraachuu akka qaban murteeffachuuf akka gargaaruuf macaafichi itti yaadamee barreeffame.

Uumama 1-11 seenaa jireenyaa kanaaf akka seensaatti barreeffame. Boqonnaawwan kunnii waa’ee nama tokkoo miti. Garuu, waa’ee guutummaa biyya lafaati. Kutaan akka seensaatti taa’e kun seenaan jireenyaa namoota gurguddoo macaafa Musee keessatti caafaman kana lamaanii guutummaa biyya lafaaf barbaachisaa ta’uu agarsiisa. Waaqayyo Waaqa Isiraa’elotaa qofa miti. Inni Waaqa saba hundumaati.


Uumama 12-50 Abrahaamii fi maatii isaa battala sana jiran irratti xiyyeeffata. Kanaafis immoo agarsiiftuun, Uumamni 12 waamamuu Abrahaamiin jalqabee Uumamni 50 immoo du’uu ilma ilma ilma Abrahaam isa ta’e Yooseefiin xumurama. Ba’uu hanga keessa deebiitti immoo seenaa Musee waliin wal qabata. Kanaafis immoo agarsiiftuun sababiin isaa Ba’uun dhalachuu Museetiin jalqabee keessa deebiin immoo du’uu Museetiin xumurame. Haala kanaan, macaafni Musee Seenaa Jireenyaa waliin wal fakkaata.


Seenaa Jireenyaa 1 - Abrahaam amantii waliin wal qabsiifameera. Nama otoo seerri hin kennamiin dura jiraataa ture yoo ta’ellee, Museen akka nama seera eegeetti yeroo isa ibsu argina (Uumama 26:5 ilaalaa). Yesuus hidda dhaloota Abrahaam jedhameera (Matatewos 1:1). Kanaafidha kan Yesuus “ilma Abrahaam” jedhamee waamame. Kiristaanonnis immoo sababii “Kiristoos keessa jiraniif” “ilmaan Abrahaam” jedhamu(Galatiyaa 3:9, 14, 29 ilaalaa).

Seenaa Jireenyaa 2 – Museen seera waliin wal qabsiifameera. Kallattii

baay’eedhaan Museen nama jabaa baroota keessatti jiraatee darbe ta’us, Museen seericha eeguu hin dandeenye. Sababii kanaaf, gara lafa abdachiifameetti akka hin galu hin eeyyamamneef ture. Jireenyi Musee kun namoota akka seeraatti jiraachuuf dhama’an hundaaf fakkeenya gaarii ta’a (Galatiyaa 3:10-14 ilaalaa).

Museen akka namoonni seeraan hin fayyine ni beeka, karaa biraan immoo Waaqayyo biraa kana fureen akka barbaachisu ni beeka. Yeroo seera Waaqayyoo kana macaafa isaa keessatti barreessu, namoonni amantii isaanii seerota kana irra akka godhataniif hin barreessine. Qooda kanaa, macaafa isaa yeroo barreessu fayyina Waaqayyo biraa namaaf kennamu argachuuf amantiin inni “seera irraa adda ta’e” akka barbaachisu agarsiisuuf itti yaadee barreesse (Keessa Deebii 4:25-31, 30:1-10 ilaalaa).





# 7. Museen akkamitti seenaawwanii fi walaloowwan akka walitti qindeesse.

Macaafa Musee keessa seenaawwan baay'eetu jira (akka fakkeenyaatti, Uumama 4:1-22 ilaalaa). Akkasumas immoo macaafa Musee keessa walaloowwan baay'eetu jira (akka fakkeenyaatti Uumama 4:23-24 ilaalaa). Namoonni isa seenaawwan hubachuudhaaf dhama'an caalaa walaloowwan hubachuudhaaf baay'ee ni rakkatu. Kun tariitii sababii walaloowwan dubbii duuchaatiin dubbatamaniif ta'uu danda'a. Namoonni yeroo baay'ee walaloo hin fayyadaman. Kana jechuun walaloowwan macaafota kanneen akka macaafa Musee kana keesatti akkamitti akka "hojjetan" ilaalchisee muuxannoo qabaachuu dhiisuu ni danda'u. Kana bira darbee, walaloowwan jechoota dacha (kana jechuun, fakkeenyotaa fi akkee) baay'ee fayyadamu. Walaloowwan haala baratamaa hin taaneen toora qabsiifamu. Barreessaan walaloos immoo yaada ijoo walalichaa hin ibsu. Qooda kanaa, barreessichi akka dubbistootni isaa hiika walaloo sanaa ofii isaatiif adda baafatu waan barbaadu fakkaata. Sababoonni kun hundinuu akka salphaatti walaloo dhiisnee bira darbinu ni taasisu. Garuummoo dubbistootni walaloowwan macaafa qulqulluu akkasumaan dhiisanii bira darbuu hin qaban. Maloota Museen itti fayyadame keessaa kan baay'ee murteessaa ta'edha.


Museen macaafa Musee keessatti seenaawwanii fi walaloowwan yeroo baay'ee walitti qindeessa. Museen haala adda ta'een wantoota garaagara ta'an kana lamaan walitti qindeessuun yaada ijoo ta'e tokko irratti xiyyeeffannoo kennuuf fayyaadama. Taateewwan addaa keessatti yeroo baay'ee Museen seenaawwaniin jalqaba. Xumura seenaa sanaa irratti immoo walaloo galcha. Hariiroo walaloo fi seenaa jidduu jiru arguun ulfaataa ta'us, dubbistootni sun garuu walalichi seenaa sana waliin walitti dhufeenya qabaachuu isaa beekuun gara fuulduraatti deemuu ni danda'u. Museen gosoonni ogummaa caaffataa kun lamaan bakka tokkotti akka ilaalaman barbaade.

Walaloo sanaan booddee, Museen yaada guduunfaa gabaabaa ta'e kan walaloo hin taane yeroo baay'ee itti dabala. Yaadni guduunfaa kunis yaada taatee sana waliin wal qabatu of keessaa qaba. Yeroo hedduu, seenaan odeffannoo ijoo dubbistootni barbaadan kan dhiyeessu yoo ta'u, yaadni ijoo taatee tokkoo walaloo ykn yaada guduunfaa kutaa sanaa keessatti argama. Himni guduunfaa akkasii, kan akka walaloo, seenaarra baay'ee gabaabbatu. Museen qabiyyee sadan kana (seenaawwan, walaloowwanii fi yaadota guduunfaa) walitti qindeessuudhaan daangaa "taateewwan" kitaaba sana keessatti caafamanii adda baasa. Himni guduunfaa xumura "taatee" addaa macaafa Musee keessa jiruutti mallattoo gochuun akka dubbistootni taatee itti aanee

macaafa sana keessatti dhufuuf of qopheessan taasisa.


Akka fakkeenyaatti, Uumama 4 "taatee" haaraa macaafa Musee keessa jirudha. "Taateen" kun ijoollee Addaamii fi Hewaan irratti kan xiyyeeffatudha. Taateen kun iddoo dhaaba Edeniin alatti kan raawwatedha. Seera uumamaa 4:1-22 keessatti, Museen seenaa dhaloota Qaayinii fi Abeel, Qaayin obboleessa isaa Abeel ajjeesuu isaa, Yaahiwween Qaayiin dura dhaabbachuu isaa, Qaayin lafarra jooraa ta'uu isaa, fi jal'ina dhaloota qomoo qaayin hima. Lakkoofsa 1-22 irra kan jiru hundi seenaadha. Garuu, seenaan Qaayinii fi dhaloota isaa kun hin xumuramne! Walaloo fi hima guduunfaa sanaan alatti, Museen kutaa seenaa taatee sanaa irratti maaliif xiyyeeffannaa gochuu akka barbaade hubachuun dhamaatii dubbistootaa gaafata. Yaadni ijoo inni mul'isuu barbaade, dhalli namaa waaqayyoon kan dhiisee fi jal'aa waan ta'eef rakkina isaanii kanaaf fayyisaan isaan barbaachisa kan jedhudha. Yaadni ijoo jal'ina dhala namaa ibsu walaloo lakkoofsota 23-24 keessatti callaqqisiifameera. Walaloon kun ilaalcha karaa nama jal'aa jiruun barreeffame. Dhimaa du'atti gammaduuti! Museen walaloo kana kan bakka kana fide, namoonni haala hamaa ta'een jal'inatti kufuu isaanii agarsiisuuf ture. Isaan booddee dubbisaan kutaa sanaa miira fayyisaan hin dhufu yoo ta'e, abdiin dhalli namaa qabu hundi ni bada yaada jedhu qabatee hafa. Walaloon sunis immoo guutuu miti. Ergaa seenaa sanaa caalaatti kan ibse yoo ta'eyyuu, yaadni guduunfaa immoo ni barbaachisa. Xumura irratti, Uumamni 4 lakkoofsota lamaan waa'ee dhalachuu Sheet ibsuun guduunfa. Hewwaanis Sheet "dhala kan biraa" Waaqayyo isheef kenne ta'uu labsite. Dubbii Waaqayyo Uumama 3:15 irratti dubbate bu'uura godhachuun, kana jechuun Hewwaan Waaqayyo Sheetiin rakkoo hammeenyaa biyya lafaatti dhufeef furmaata godhee kennetti ilaalte. Inni sanyii isa boficha lolee mo'achuuf shoora ol aanaa taphatu ta'a! Taateen kun dubbii "bara sana namoonni Waaqayyoon maqaadhaan waammachuu jalqaban" jedhuun xumurame. Yaadni xumuraa kunis baay'ee murteessaa ture, sababni isaas akka dubbistootni yaada ijoo taatee addaa kanaa hubatan gargaara. Dhimmichi dhimma sababii cubbuutiin Waaqayyoon waaqessuu dhabuu fi barbaachisummaa dhufaatii dhaloota Waaqayyoon waaqessaniiti.

Adeemsi kun guutummaa macaafa Musee keessatti irra deddeebi'ameera. Taateewwan dhuunfaa (kan akka Uuma. 4) keessatti mul'ateera, akkasumas immoo bifa guddaa "gurmaa'insa taateewwanii" tiinis mul'ateera (fakkeenyaaf, Uma. 49 irratti, ibsa seenaa maatii Abrahaamitti fufee walaloo baay'ee dheeraa ta'etu jira).



# 8. Museen akkamitti Seenaawwanii fi Seerota akka walitti qindeesse.

Museen haaluma seenaawwanii fi walaloowwan ittiin walitti qindeesse fakkaatuun, seenaawwanii fi seerota (abboommiiwwan) walitti qindeessee dhiyeesseera. Seeronnii fi abboommiiwwan seerota haaraa bakka hin jirre wayiitii dhufanii kennaman miti. Taateewwan ta’aa turan waliin kan wal qabatanidha. Seenaawwanii fi seeronni (ykn abboommiiwwan) waliin dubbifamuu qabu jechuudha. Yeroo seenaawwanii fi seeronni walitti hidhaman, qabatamaan seeronni seenaawwan hordofanii dhufuun seeronni seenaawwan caalaa bakka bal’aa ni qabatu. Akka fakkeenyaatti, Ba’uu 33-34 seenaa taatee jabbii warqee irraa tolfataniin booda uumame irratti ibsa kenna. Cubbuun guddaan tulluu Siinaa biratti ta’e kun hariiroo Waaqayyo saba isaa waliin qabaachuu fedhu irratti jijjiirama guddaa fideera. Ba’uu 33-34 keessatti, gabatoota dhagaa Museetti kennuun saba sana waliin Kakuu dhaabbate. Boqonnaawwan lamaan irra caalaatti seenaa irratti xiyyeeffatan kanatti fufee seerotaa fi abboommiiwwan baay’ee waa’ee lafa aarsaa, lubummaa fi aarsaawwan dhiyaatanii irratti xiyyeeffatan tarreeffamaniiru. Seeronnii fi abboommiiwwan kunniin Ba’uu 35 irraa jalqabuun (Dubbii Museen 35:1 irratti dubbate ilaalaa) hanga guutummaa Seera Lewwootaatti itti fufu. Seeronnii fi abboommiiwwan Ba’uu 35 fi Lewwoota 27 jidduu jiran akka seenaa Ba’uu 33-34 waliin hariiroo qabanitti ilaalamuu qabu. Dubbii seera Lewwootaa isa dhumaa yaadatti qabadhaa: “Isaan kun abboommota Waaqayyo namoota Isiraa’eliif tulluu Siinaa irratti Museetti kennedha”. Lakkoofsi kun seerotaa fi abboommota taatee Ba’uu 33-34 waliin hariiroo qabaniif akka yaada guduunfaatti tajaajila.



# 9. Taatee giddu-galeessaa macaafa Musee.

Macaafni Musee kutaawwan shanitti (Uumama irraa jalqabee hanga Keessa Deebiitti) kan qoodame yoo ta’u, akka macaafa guddaa tokkootti akka ilaalaman kan taasisan agarsiiftuuwwan baay’eetu jiru. Agarsiiftuun tokko caaffattoota qulqullaa’oo warra gara boodaa keessatti “macaafa Musee” jedhamuu isaati (Maarqos 12:26 ilaalaa). Macaafa kana keessa taateewwan akka addunyaatti fudhatama qaban hedduutu jira (jechuun, uumama, bishaan badisaa, gimbii Baabiloon, waamamuu Abrahaam, Ba’uu, fi k.k.f). Haa ta’u malee, taateewwan gurguddoo kun hundumaa otoo jiranii taateen tokko taateewwan macaafa guddaa kana keessa jiran hundumaa irra caalaa baay’ee murteessaa akka ta’etti dhiyaateera. Taateen barreessaan kun akka dubbistootni isaa taateewwan warra kaan caalchisanii ilaalan barbaadu maali? Tariitii kennaa Kakuu tulluu Siinaa biratti kenname keessatti ni argama ta’a.


Sababoota baay’ee irratti hundaa’uun (jechuun, baay’ena bakka taatee kanaaf kennamee, dubbii Waaqayyo yeroo huxxii bobaatu keessaan Museetti mul’ate dubbatee fi k.k.f) barreessichi (Museen) akka dubbistootni isaa taatee kana taatee barbaachisummaa guddaa qabuutti ilaalan barbaada. Caaffatawwan boodarra caafaman kan Kakuu moofaa lamaan (raajotaa fi caaffatoota biroo) taatee tulluu Siinaa biratti ta’e irratti kan hundaa’anidha.

Barreessichi, Kakuu tulluu Siinaa biratti taasifame san akka karaa ittiin Waaqayyo isa Abrahaamiin abdachiisee ture fiixaan baasuutti (Uumama 12:1-3 ilaalaa) fi biyya lafaaf immoo eebba fiduutti dhiyeesse. Tulluu Siinaa biratti, Waaqayyo ofii isaa fi Isiraa’el gidduutti kakuu hundeesse. Asitti abdii inni Isiraa’el abdachiise kan guutummaa biyya lafaa irratti dhiibbaa uumudha. Isiraa’el kakuu sanaaf akka abboomamuuf waamame.

Garuu dhugaan jiru kakuun Tulluu Siinaa biratti kenname taatee taateewwan macaafa Musee keessatti ibsaman kan biroo caalaa cimee kan mul’ate ta’us akkas jechuun Museen akka dubbistootni isaa Tulluu Siinaa bakka wanti Waaqayyo abdachiise hunduu itti raawwataniitti akka ilaalan hin barbaadu akkasumas akka dubbistootni isaa amantii isaanii kakuu isa tulluu Siinaatti taasifame irra keewwatan hin fedhu. Museen akka dubbistootni isaa kakuu tulluu Siinaa sana bira darbanii wanta haaraa Waaqayyo gara fuula duraatti hojjechuuf jedhu ilaalan barbaada. (Jechoonni Kakuu Haaraa jedhaman macaafa Musee keessatti fayidaarra hin oolle. Kakuu

Moofaa keessatti macaafota gara boodaa keessatti akkasumas Kakuu Haaraa keessatti fayidaarra oolaniiru.)

Museen sabni Isiraa’el kakuu sanaaf abboomamuu diduu isaanii ifatti agarsiisuun, yeroo gala biyya abdii isaaniitti galanitti kakuu sana eeguu akka hin dandeenye ifatti dubbate. Kana jechuun Museen akka dubbistootni macaafichaa kaayyoon Waaqayyoo galma hin ga’u jedhanii jedhanii yaadan barbaada jechuu miti. Qooda kanaa garuu, barreessichi akka dubbistootni isaa kaayyoon Waaqayyoo karaa isa tulluu Siinaa biratti bu’uureffamee sanaa hin raawwanne akka hubatan barbaada. Museen akka namoonni macaafa isaa dubbisan amantii isaanii wanta Waaqayyo gara fuulduraatti hojjechuuf jedhuraa keewwatan barbaada, sababni isaas, Isiraa’elonni Kakuu isa isaani waliin tulluu Siinaatti galame hin eegnes eeguus hin danda’an.






# 10. Uumama Waaqayyoo isa gaarii (God's good creation).


Waaqayyo jalqabatti bantiiwwan Waaqaa fi lafa uume (Uumama 1:1, Roomaa 11:36, Mul'ata 4:11 ilaalaa). Kana jechuun Waaqayyo wantoota mul'atan hundumaa fi wantoota hin mul'anne hundumaa uumee jechuudha. Bantiiwwan Waaqaa fi wantootni bantii waaqaa keessa jiran wantoota akka tasaa hin uumamne akkasumas bantiin waaqaa fi wantootni isa keessa jiran jijjiirama tirannaan hin dhufne. Bantiin waaqaa fi wantootni isa keessa jiran hunduu karoorfamanii yaada Waaqayyootiin akka macaafa qulqulluu keessatti ibsametti uumaman. Lafti akkasumaan bakka namoonni keessa jiraatan qofa osoo hin taanee sana irra kan caaledha. Addumaan immoo bakka Waaqayyoo fi namoonni waliin keessa jiraatanii fi bakka Waaqayyo itti Waaqeffamuu fi bara baraan itti gammadu taatee uumamte (1 Seenaa Baraa 29:11 ilaalaa). Waaqayyo bantiiwwan Waaqaa fi lafa yeroo uume akka "galma" inni itti waaqeffamuutti uume. Tokkoon tokkoo wantoota bantiiwwan waaqaa fi lafa keessa jiranii hundi haala wal irraa hin cinneen ulfina Waaqayyoo labsuutu isaan irraa eegama (Faarfannaa 148 fi Anbaaqom 3:3). Waaqayyo itti fufinsaan isa qofaatu uumaa akka ta'e dubbateera.

Dhiibbaan cubbuun Addaam namoota bira kan darbedha. Uumamni Waaqayyoollee dhiibbaa sanaan miidhameera. Sababii kanaaf, bantiin waaqaa fi lafti inni jalqabaa abaarsa jala gale. Guyyaa tokkos guutummaatti balleeffamuuf jiru. Sabni Waaqayyoos bantiiwwan waaqaa haaraa fi lafa haaraa keessa ni jiraatu (Isaayaas 24:5-6, 65:17, Roomaa 8, 2 Phexiros 3:1-13, fi Mul'ata 21:1 ilaalaa).



## 11. Iddoo dhaabaa Eeden (The garden in Eden).


Macaafni qulqulluun uumamuu Addaamii fi iddii dhaabaa keess kaa'amuu isaatiin jalqaba (Uumama 2:8 ilaalaa). Iddoon dhaabaa sun mana qulqullummaa bakka itti Waaqayyo waaqeffamu ture. Addaam immoo iddoo dhaabaa sana keessa hojjechuu fi eeguuf itti gaafatamummaa qaba ture (Uumama 2:15 ilaalaa). Iddoo dhaabaa sana keessa muka yoo irraa nyaatan jireenya bara baraa kennu ture. Addaamii fi Hewwaan muka kana irraa hin nyaanne. Qooda kanaa, ija mukaa isa irraa nyaachuun isaaniif hin malle nyaatan (Uumama 2:16-17 fi 3:1-7 ilaalaa). Karaa baay'eedhaan, macaafni qulqulluun haaluma jalqaba ittiin jalqabeen xumurama. Iddoo dhaabaa muka jireenyaa of keessaa qabutu jira. Haa ta'u malee, xumura macaafa qulqulluutti, iddoon dhaabaa sun guutummaa biyya lafaa haguuga! Akkasumas mukti jireenyaa qarqara lagaa lamaan irra ni dhaabata. Xumura macaafa qulqulluutti, namoonni muka jireenyaa irraa ni nyaatu! Barreessitootni Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa baay'een muka kana fi lagicha caqasaniiru (Faarfannaa 1:3, Hisqi'eel 47:12, Mul'ata 2:7, 22:1-5, 22:19).



# 12. Abboomamuu diduu “mootii” fi “luba” jalqabaa.

Addaam mootii yoo ta’ee fi lafa Waaqayyoo irratti aaboon kan isaaf kenname yoo ta’ellee (Uumama 1:26 ilaalaa), inni mootii aangoo hin daangeffamne qabu hin turre. Qooda kanaa, mootii bulchinsa kan biraa—Waaqayyoo jala turedha. Addaam yeroo hundumaa seerota Waaqayyoo jala jiraachuutu isarra ture. Inni seerota Waaqayyoo akka jijjiiruuf akkasumas wanta sirrii fi dogoggora ta’e ofii isaa akka murteessuuf hin eeyyamamneef ture. Bofichi qooda Addaam waliin dubbachuu Hewwaan waliin dubbachuun aaboo Waaqayyoo fi aangoo Addaamiif akka kabaja hin qabne agarsiise. Bofichi Hewwaaniin amansiisuudhaan akka isheen Waaqayyoof abboomamuu didduu fi ija mukichaa nyaattu taasise. Bofichi Hewwaaniin gowwomse. Addaam ishee waliin dhaabatee ture. Inni hin gowwomfamne ture. Ijia muka sanaa nyaachuu akka hin qabne ni beeka ture. Addaam Waaqayyo irratti ka’e (1 Ximotewoos 2:13-14). Bofichi Seexana (Mul’ata 12). Iddoo dhaabaa Eden keessatti bifa bofaatiin mul’ate. Akkuma seenaan macaafa qulqulluu itti fufaa adeemuun waa’een isaas “guddataa” adeeme. Macaafa mul’ataa keessatti immoo bifa jawwee guddaatiin mul’atee argina.

Cubbuun Addaam namoota hundumaa irratti dhiibbaa uumeera sababni isaas namni hunduu “Addaam keessa” waan jiruuf. Kana jechuun, sababii inni ykn isheen Addaam irraa dhalateef ykn dhalatteef, eenyummaa hafuuraa isa kan Addaam qooddataniiru. Sababii Addaam yakkeef, namni hundinuu yakkeera (Roomaa 1:21-23, 3:23, fi 5:12, 19). Kanaafidha kan Yesuus, “Waaqayyo isa tokkicha duwwaa malee, namni gaariin tokko illee hin jiru” jedhee dubbate. Kakuu Haaraa keessatti, Yesuus akka “Addaam isa dhumaa” tti ibsameera (1 Qorontos 15:22). Sababii kanaaf, warri “Kiristoos keessa” ta’an hunduu fuula Waaqayyootti akka qajeelotaatti lakkaa’amu (2 Qorontos 5:17, 21). Isaan jireenya bara baraa ni dhaalu.




# 13. Bu’aawwan Cubbuu (The results of sin).

Addaamii fi Hewwaan yeroo Waaqayyoof abboomamuu didanitti, wanti hamaan hanga ammaatti namoota jiran irratti dhiibbaa gochaa jiru wayii ni uumame. Namoonni amma jireenya Waaqayyoof abboomamuu diduu jiraatu ture. Yeroo nuyi cubbuu hojjennutti Waaqayyo hin gammadu. Dubbiin isaa gaariidha waan ta’eef isaaf abboomamuu diduun hammeenyadha. Yeroo dubbiin isaa kabaja dhabuu fi namni dubbii isaaf abboomamuu didu Waaqayyo callise jechuun waa’ee dubbii isaaf dhimma hin qabu jechuudha. Of caalaa wanta ulfina kennuuf kan biraa qaba jechuudha! Waaqayyo gaarii sababii ta’eef cubbuutti kan hin gammanne ta’uu isaa agarsiisuu qaba. Cubbuutti firdii hin kennine yoo ta’e, inni waa’ee maqaa isaa fi dubbii isaaf akka dhimma hin qabne agarsiisa. Ibsa kana keessatti qillensa qilleensa’u yaadatti qabadhaa. Seerri Uumamaa 3:8 akka jedhutti Waaqayyo yeroo “qillensi qabbanaa’aan qillensa’utti” adeemuu dhufe. Kana jechuun bubbeen dhufeera jechuudha ta’a! Battala sanatti bubbeen qabatamaan jiraachuu baatullee, cubbuun Addaam bubbee hafuuraa uumeera. Yaadatti qabadhaa, ibsa kana keessatti Addaam haadha manaa isaa jajjabeessaa hin jiru. Kun kan nutti agarsiisu immoo, sababii cubbuutiif, kanaan booda namoonni akka Waaqayyo dursee karoorsee turetti waliif hin dhimman jechuudha. Kanaan booda “foon tokko” ta’uun in hafe. Kanaaf immoo ragaan yeroo Waaqayyo Addaamitti waa’ee cubbuu isaa ilaalchisee dubbate dha. Addaam Hewaanitti sababeesse. Akkasumas Waaqayyo Hewwaaniin waan isaaf kenneef Waaqayyoon komate (Uumama 3:12 ilaalaa).



# 14. Waaqayyo isa furu/birmaduu baasu abdachiisuu isaa.

Sababii cubbuu Addaamiif bofichi biyya lafaa akka seerratuuf aaboo argate! Addaamii fi Hewwaan Waaqayyoof abboomamuu caalaa isaaf abboomaman (Efesoon 2:1-3 ilaalaa). Seexanni biyya lafaa kana “kan seerratu” yoo ta’ellee, biyya lafaa kana irratti “aaboo” kan qabu Seexana akka hin taane beekuun barbaachisaadha. Inni Waaqayyo irra kan caalu miti kanaaf karoora Waaqayyoo jijjiiruu hin danda’u. Waan Addaam yakkeef Waaqayyo aaboo isaa gadi hin dhiisu. Haa ta’u malee, namoonni aaboo isaaniif dhabaniiru. Sababii namni Waaqayyo jaalatuu fi akka “ilma” Waaqayyootti akka biyya lafaa seerratuuf aaboon itti kenname kufee Seexanni biyya lafaa seerrachaa tureef, Waaqeffannaan dhugaan inni Waaqayyoof taasifamuu qabu ta’uu hin dandeenye. Garuu Waaqayyo namni mataa bofichaa “buruqsu” akka dhufuuf jedhu abdachiisee ture (Uumama 3:15 ilaalaa). Kun mo’icha Kiristoos Seexana irratti qabuuf agarsiiftuudha. Sababii kiristaanonni “Kiristoos keessaa” jiraniif, kutichi mo’icha kiristaanonni Seexana irratti qabanis kan agarsiisudha (Roomaa 16:20 ilaalaa).




# 15. Sanyii dubartittii fi sanyii bofichaa.

Ibsi kun garee namootaa lama kan agarsiisudha. Namoonni kun kan wal fakkaatan yoo ta'aniyyuu, garee sana lamaan jidduu garaagarummaa guddaatu jira. Gareen tokko garee Waaqayyoof of kennanidha. Gareen biraan immoo namoota Seexanaaf of kennan bakka bu'a. Gareewwan kana adda baafachuuf kan nu gargaaru, gareen tokko halluu diimaan kan marfame yoo ta'u gareen tokko immoo halluu keelloon marfameera. Yaadni garee namootaa kana lamaanii kan dhufe dubbii Waaqayyo Seera Uumama 3:15 irratti bofichatti dubbate keessaati: "Ani sii fi dubartittii gidduu, sanyii isheetii fi sanyii kee gidduus diinummaa nan buusa; inni mataa kee in buruqsa, atis koomee isaa in iddita".

Dubbii kana keessatti, Yaahiwween waa'ee jibba dubartittii fi bofichaa aaksumas sanyii dubartittii fi sanyii bofichaa jidduu jiruu dubbata. Sanyii dubartittii Kiristoosii fi warra akka isa keessa jiraniitti lakkaa'aman hundadha. Sanyiin bofichaa immoo sanyii bofa isa qabatamaan mul'atuu miti. Isaan namoota Kiristoosii fi saba isaatiin mormanidha. "Lolli" sanyii lamaan jiduutti taasifamu caaffata qulqullaa'aa keessatti iddoo baay'eetti ibsameera. Jalqa irratti Uumama 3:15 irratti beeksifame. Lolichi Uumama 4 irraatti jalqabe! Uumama 4 keessatti, waa'ee seenaa Qaayinii fi Abeel argine. Lamaan isaaniiyyuu Waaqayyoon waaqessuuf dhiyaatan, haa ta'u malee, Qaayiin Waaqayyoon waaqessuuf yoo dhiyaateyyuu, Qaayiin Waaqayyoon hin jaalatu. Sagalee Waaqayyoof abboomamuuf fedha hin qabu. Haati isaa Hewwaan taatus, Qaayin akka sanyii warra kan Waaqayyootti warra bofichaan mormanitti lakkaa'amuu hin qabu. Qooda kanaa, akka qaama sanyii bofichaa warra baay'ee keessaa nama isa jalqabaatti lakkaa'amuu qaba (1 Yohaannis 3:12). Inni akka "ilma" bofichaatti of lakkaa'uun waan fedha garaa isaa hojjechuu barbaada (Yohaannis 8:44). Abeel immoo Qaayin irraa addadha. Inni dhugaadhaan Waaqayyoon waaqessa. Inni "ilma" Waaqayyoo waan ta'eef fedha Waaqayyoo hojjechuu barbaada. Lola isa jalqabaa kana keessatti, Abeel kun Qaayiniin ni arii'atame isaan booddee ni ajjeefame. Jalqaba irratti, sababii sanyii warra kan Waaqayyoo ajjeefamaniif sanyiin bofichaa waan mo'icha argatan fakkaatee mul'ate. Inni yoo du'eyyuu garuu, guutummaan guutuutti mo'ame miti (Ibiroota 11:24 ilaala). Xumura boqonnichaa irratti, Hewwaan ilma Abeeliin bakka bu'u godhatte. Maqaan isaa Sheet jedhama. Hewwaanis "Ilma isa iddoo Abeel naaf bu'e" jette ibsite (Uumama 4:25 ilaalaa). Kun lola isa jalqabaa sanyiiwwan

lamaan yeroo jalqabaaf Uumama 3:15 irratti ibsaman jidduutti taasifamedha. Uumama 4 booddee, macaafni qulqulluu “hidda” garee namoota kana lamaanii hordofa. Sanyiin bofichaa caalaatti cimaa ta’anii akkasumas waan mo’atan fakkaatanii mul’atanis kun tasumaa fiixaan ba’uu hin danda’u. Sababii gargaarsa bantii Waaqaa keessaa dhufuun, sanyiin dubartittii sanyii bofichaa irratti mo’icha ni gonfatu. Kanaafidha kan ergamaan Phaawuloos “Waaqayyo inni nagaa kennu immoo dafee seexana miilla keessan jalatti in caccabsa” jedhee dubbate (Roomaa 16:20) Namoonni addunyaa kana keessa jiran hundinuu qaama lola kanaati (Efesoon 2:1-3).





# 16. Rakkinaa (fi ayyaana) bakka Waaqayyoo isa gaariin ala jiru.


Addaamii fi Hewwaan bakka Waaqayyoo isa gaarii keessa akka turaniif hin eeyyamamneef ture. Yoo achi turan ammas Waaqayyoof abboomamuu diduu isaanii itti fufuun muka jireenyaa sana irraa nyaachuu waan malaniif achi keessaa baafamuutu isaan irra ture. Yeroo sanatti muka jireenyaa sana irraa otoo nyaataniiru ta'ee, akkuma cubbamaa ta'anitti bara baraan jiraatu ture (Uumama 3:22 ilaalaa). Sababii namummaa isaanii isa hamaa fi sababii wanta Waaqayyo isaan abboomeef abboomamuu caalaa wanti yaadni garaa isaanii gaarii isaanitti fakkeesse hojjetaniif, iddoo dhaabaa sana keessaa baafamuun isaanii iyyuu sababii baay'ina ayyaana Waaqayyootiin ture. Isaan yeroo iddoo dhaabaa sanaan ala jiranitti, hojiiwwan barbaachisoo ta'an hojjechuun akka isaan bara baraan cubbuu isaanii keessa hin turre akkasumas bara baraan lafa onaa keessa hin turre taasisa. Garuu, isaan bakka gaarii Waaqayyo isaaniif qopheessee tureen ala, lafa onaa keessa kan jiraachaa jiran yoo ta'aniyyuu, ammayyuu Waaqayyo gaarummaa ayyaana isaa isaanitti agarsiisaa jira. Kun immoo halluu keelloo naannoo isaanii jiruun bakka buufameera. Isaan lafa onaa keessa kan jiraachaa jiran yoo ta'eyyuu, Waaqayyo karaa ittiin gara iddoo isa gaarii sanaatti deebi'an qopheessaa jira. Karaan ittiin bakka Waaqayyoo isa gaarii sanatti ittiin deebi'an immoo karaa Yesuusidha. Inni karaa ittiin namoonni yeroo dhumaaf gara iddoo Waaqayyootti deebi'anii fi dhugaadhan isa waaqessannidha (Yohaannis 14:1-6 ilaalaa). Macaafni qulqulluun karaan Waaqayyoo inni itiin gara jireenyaatti dhufan isan akka ta'e wangeelaan ibseera. Inni oduu gammachiisaa jireenya, du'aa fi du'aa ka'uu Kiristoosi. Wangeelli akka hojjetu ifadha, sababiin isaas macaafni Mul'ataa waa'ee namoota saba, qomoo fi afaan hundumaarraa bakka gaarii isa kan Waaqayyoo keessatti walitti qabamuun akka isa waaqessan dubbata. Isaan muka jireenyaa isa kan Waaqayyoo irraa akka nyaataniif isaaniif eeyyamameera (Mul'ata 22:14 ilaalaa).



# 17. Badisaa fi fayyina.


Hojiin waaqayyoo uumuu qofa miti (Uumama 1-2). Balleessuufis fedha qaba (Uumama 6-8). Ibsi kun immoo kan nutti agarsiisu, Waaqayyo bara Nohi keessa biyya lafaa fi wantoota isa keessa jiranitti firdii kennuu barbaade. Kanas immoo kan godheef sababii jal'inni namootaa baay'ateef ture (Uumama 6:5 ilaalaa). Taateen akkasii kun immoo guutummaa macaafa qulqulluu keessatti taateewwan xixiqqoodhaan uumamaniiru. Bara Loox keessa yeroo Soodom balleeffame raawwateera (Uumama 19 ilaalaa). Bara Musee keessa yeroo Waaqayyo Gibxiin balleesse raawwateera. Haala nama dinquun, yeroo Waaqayyo ilma isaa irratti xoofoo abaarsaa dhangalaase yeroo in fannoorratti du'es raawwateera. Akkasumas immoo dhuma irratti yeroo Waaqayyo bantiiwwan waaqaa fi lafa ammaa kana balleessuttis ni raawwata (2 Phexiroos 3:1-13 ilaalaa).

Haa ta'u malee, lolaan badisaa sun Waaqayyo uumama balleessuudhaaf fedha qabaachuu isaa agarsiisuu bira kan darbe ergaa biraas qaba ture. Waaqayyo otuma firdii isaa dhangalaasuuyyuu saba isaas immoo akka oolchu nutti agarsiisa. Fayyinni Waaqayyoo immoo warra jireenyi isaanii qajeelummaatti isaaniif lakkaa'amedha. Nohi qajeelaatti lakkaa'ame, kanaafuu, inni ni oole (Uumama 6:8-9 ilaalaa). Loox qajeelaatti lakkaa'ame, kanaafuu, inni ni oole (2 Phexiroos 2:7-9 ilaalaa). Isiraa'elonni qajeelotatti lakkaa'aman, kanaafuu garbummaa warra Gibxii jalaa oolan. Yesuus qajeelaatti lakkaa'ame, kanaafuu warra du'aan keessaa kaafame. Bishaaniin cuuphamuun dhugaa ba'umsa warri gooftaa Yesuusitti amanan abaarsa Waaqayyoo jalaa ooluu isaanii fi jireenya haaraatti kaafamuu isaanii agarsiisanidha.



# 18. Namoonni Waaqessuu fi abboomamuu diduu.

Bishaan badisaan booda, namoonni akka ija godhatan, baay'atanii fi lafas gootaniif abboomaman (Uumama 9:7 ilaalaa). Kun immoo abboommii Addaamii fi Hewwaaniif kenname waliin wal fakkaataadha (Uumama 1:28 ilaalaa). Isaan kunis akkuma Addaamii fi Hewwaan biyya lafaa ulfina Waaqayyootiin akka guutaniif ture. Namoonni lolaa badisaa sana booda jiraatanis kana gochuu hin dandeenye. Akkuma Addaamii fi Hewwaan, dubbii Waaqayyoo irratti ka'uudhaan wanta adda ta'e kan Waaqummaa Waaqayyoo osoo hin taanee ofii isaanii akka waaqaa nu taasisinnaa jedhanii yaadan hojjetan. Gamoo hanga bantii waaqaa nu geessisuu danda'a jedhan ijaaran. Ibsi inni lammaffaan immoo karoorri namootaa akka fiixaan hin baane agarsiisa. Yaalii isaan gamoo hanga bantii Waaqaa qaqqabu ijaaruuf taasisan xiqqaa fi humna kan hin qabne ta'uu argeef, wanta isaan ijaaran kana ilaaluuf Waaqayyo "gadi bu'e" (Uumama 11:7). Kun warroota akka Waaqayyoo of gochuu barbaadan hundumaaf akeekkachiisadha. Isaan yoomiyyuu bantiiwwan waaqaa seerrachuu hin danda'an. Ijaarsi Baabiloon Seera Uumama 11 irratti balleeffamuyyuu, yaadni ijaarsa Baabiloon kanaa guutummaa macaafa qulqulluu keessatti daddarbee dhufeera. Namoonni yeroo hundumaa "bakka" itti Waaqayyo inni dhugaan hin waaqeffamnee fi hin abboomamne ijaaruu barbaadu. Xumurri badisa Baabiloon Mul'ata 16-17 keessatti ibsameera. Seenaan riqicha baabiloon kun warroota Waaqayyo isa dhugaa waaqessuu didan hundaaf akka akeekkachiisaatti fayyada. Akkuma Baabiloon isaanis balleeffamuuf jiru. Haala kanaan, seenaan riqicha Baabiloon namoota bara kana jiraniif kennaa ayyaanaan guutamedha. Seenichi namoota gooftaa Yesuusitti amananiif immoo jajjabina cimaa kennuu qaba. Ammas biyyi lafaa kun Waaqayyoof abboomamuu diduu fi bakka Waaqayyo itti hin waaqeffamne ijaaruu ishee kan itti fufte yoo fakkaatteyyuu, dhimmichi akka ammaa hin ta'u. Dhuma irratti, Baabiloon ni balleeffamti.



# 19. Waaqayyo namoota ijaaruuf abachiisuu isaa.

Bofichi sanyii dubartittiin buruqfamuuf jira yoo ta'e (Uumama 3:15 ilaalaa), kanaafuu namoonni yeroo dhumaatiif Waaqayyo waliin hariiroo sirrii ni qabaatu jechuudha, kanaafis sanyii inni dhufuuf jiru kun bakka ta'ee dhufuu qaba jechuudha. Waaqayyos karoora bakkatti deebisuu kana karaa nama maqaan isaa Abrahaam jedhamuu jalqabuu filate (Uumama 11:27-32 fi Hojii Ergamootaa 7:1-8 ilaalaa). Waaqayyo Abrahaam dursee qajeelaa waan tureef Abrahaamiin hin filanne. Inni akkuma nama biyya lafaa kanarra jiru kamiiyyuu cubbamaa ture. Waaqayyo Abrahamiin sababa dhuunfaa isaatiif waame (Ermiyaas 13:11, Isaayaas 43:6-7, Efesoon 1:4-6). Waaqayyo Abrahamiin akka sanyiin isaa akka urjii samiirraa fi cirracha galaanaa akka baay'isu abdachiise. Akkasumas immoo namichi kunii fi sanyiin isaa laficha akka dhaalan abdachiise (Roomaa 4:13 ilaalaa). Abdiiwwan kunniin guutummaa macaafa qulqulluu keessatti caqafamaniiru. Jalqa irratti kan dubbatamanii fi ibsaman Uumama 12:1-3, 13:14-17, 15:1-5, 18-21, 17:1-14, 18:16-19, 22:15-18, fi 24:7 keessatti ture. Boodarra maqaan Abraam gara Abrahaamitti jijjiirame. Abrahaam abdiiwwan isaaf kennaman keessaa muraasni isaanii yeroo raawwataman yoo argellee, abdiiwwan Waaqayyo Abrahaamiif kenne bara Abrahaam keessa fiixaan hin baane. Abdichi akka fiixaan ba'u ni beeka ture, garuu bu'aa abdichaa ijaan argee hin mi'eeffanne (Ibiroota 11:8-12 ilaalaa). Abdiiwwan sun bara Yessus keessa fiixaan ba'an, sababni isaas Yesuus dhaaltuu/hidda sanyii nama kanaa waan ta'eef (Maatewos 1:1 fi Hojii Ergamootaa 13: 32-33 ilaalaa). Sababii kiristaanonni immoo "kiristoos keessa" jiraniif nuyis immoo sanyii Abrahaamitti lakkaa'amneerra (Galaatiyaa 3:7-29 ilaalaa).

Abrahaam namuma isa dhugaa ture. Dhaloota Kiristoos dura naannoo bara 2100 jiraate. Abrahaam akkuma namoota biroo kamiiyyuu cubbamaadha. Inni sababii qajeelummaa isaatiif ykn sababii hojii isaa isa gaariitiif Waaqayyoon hin filatamne. Waaqayyo waan isa filachuu barbaadeef qofa filatame. Abrahaam Waaqayyoon ni Amana. Inni sababii amantii isaatiin qajeelaatti lakkaa'ame (Uumama 15:6 fi 18:14 ilaalaa). Yesuusis akka "ilma Abrahaamitti" lallabame. Kana jechuun inni dhaaltuu wantoota Abrahaamiin abadachiifameeti jechuudha (ammas, Maatewos 1:1 ilaalaa).



# 20. Ijoollee Abarhamaan warra jalqabaa.

GAbdii Waaqayyo Abrahaamiin abdachiisee ture ammas ilma isaa Yisihaq irratti (Ismaa’elis ibsa kana keessatti mul’ateera) achiis ilma Yisihaq Yaa’iqoob irrattis irra deebi’ameera. (Uumama 26:4, 24, 28:13-14 ilaalaa). Yaa’iqoob ijoollee dhiiraa 12 qaba. Karaa ijoollota 12 kanaa sabni Waaqayyoo “ijaaraman”. Isaan booddee seerri uumamaa seenaa ittiin sabni Waaqayyoo lakkoofsaan dabalaa deeman duukaa bu’a. Sababni isaas immoo Waaqayyo dursee guyyaa tokko akka urjii samiirraa akka ta’an abdachiisee ture. Barreessaan Ba’uu (Museen) baay’ina saba Isiraa’el irratti xiyyeeffannoo kennaa ture (Ba’uu 1:7, 12, 20 ilaalaa). Sabni isaas immoo Museen waa’ee abdii kennamee ture sanaa waan beekuuf Waaqayyo akka isa fiixaan baasu ni amana ture. Barreessaan Hojii Ergamootaas immoo guddina waldaa beekuu irraa fedhii addaa akka qabu beekuun barbaachisaadha. Kun immoo sababii waldaa Saba Isiraa’eliin akka saba Waaqayyootti bakka buutuuf miti. Sababii Kiristoosii fi warri isa keessatti lakkaa’aman hunduu Isiraa’el isa dhugaa ta’aniif dha. Karaa kanaan qulqulloonni bara Kakuu Moofaa keessa turan hundii fi qulqulloonni bara Kakuu Haaraa walitti dhufu! Abdiiwwan Waaqayyo waa’ee namoota itti lakkaa’amuu hin dandeenyee ilaalchisee abdachiise fiixaan ba’uuf jira (Mul’ata 7:9 ilaalaa).



# 21. Raajii isa Waaqayyoon fulaaf fuulatti arge.

Museen akka saba Waaqayyoo birmaduu baasuutti ka'e. Biyya Gibxii keessaa baasee gara lafa gaarii isa kan Waaqayyootti isaan geessuuf waame. Haala kanaan inni bifa Kiristoos qaba. Kana jechuun, karaa baay'eedhaan, Kiristoosiin fakkaata jechuudha. Kiristoos saba Waaqayyoo garbummaa seexanaa fi cubbuu jalaa baasee gara iddoo Waaqayyoo isa gaariitti gaggeessa (Efesoon 2:1-10 ilaalaa). Akkuma Musee, Kiristoos bishaan biraa kaafamee akka saba Waaqayyo birmaduu baasu taasifame. Museen yeroo raajii turetti, raajota warra kaan irraa adda ture, sababni isaas inni Waaqayyo waliin fuulaaf fuulatti dudubbata (Ba'uu 33:11 ilaalaa). Keessa Deebii 18:15-18 keessatti, Museen raajiin kan biraan "kan isa fakkaatu" tokko akka dhufu raajeera. Kana jechuun, raajiin kunis akkuma Musee Waaqayyoon fuulaaf fuulatti arga jechuudha. Museen akka namoonni raajii isa dhufuuf jedhu sana dhaga'an labsee ture. Bara Kakuu Moofaa keessa raajonni baay'een jiraatanillee, tokkoon isaaniillee karaa kanaan Musee hin fakkaatan (Keessa Deebii 34: 10-12 ilaalaa). Haa ta'u malee, Yesuus karaa kanaan Musee ni fakkaata. Innis Waaqayyoon fuulaa fuulatti arga. Nuyi isa dhaga'uutu nurra jira (Maarqos 9:7 ilaalaa). Inni akka Iyaasuu, isa saba Waaqayyoo bakka gaarii Waaqayyo isaaniif qopheessetti gaggeessuuf ga'umsa qabudha.

Museen namuma dhugaadha. Dhaloota Kiristoos dura naannoo bara 1406 du'e. Kanaafuu, Macaafni Musee (Seera Uumamaa hanga Keessa Deebiitti) dhaloota kiristoos dura baroota 1446-1406 jidduutti barreeffame jedhamee yaadama. Dubbii isaa irratti hundaa'uudhaan, gulaalaan maqaan isaa hin ibsamne kana Keessa Deebii 33 fi 34 barreesse bara Museen booda waggota dhibbaan dhibbootaan lakkaa'aman keessa jiraate. Innis immoo nama amantii fi Kiristoosiin eeggachaa turedha.




# 22. Saba Waaqayyoo Biyya Gibxii keessatti.

Lolli sanyii dubartittii (saba Waaqayyoo) fi sanyii bofichaa (namoota seexana duukaa bu’an) jidduutti taasifamu haala ajaa’ibaa ta’een bara Isiraa’elonni garbummaa warra Gibxii keessa jiranitti mul’ate. Sabni Waaqayyoo garba/galaa ta’ee biyya Gibxii keessa waggoota 400 jiraate (Uumama 15:13-14 fi Hojii Ergamootaa 7:9-53 ilaalaa). Sabni Waaqayyoo akka ilmaatti, lafa kana irratti bakka bu’aa Waaqayyoo akkasumas warra bifa Waaqayyoo biyya lafaa kana irratti beeksisan ta’anis, rakkoon tokkollee isaan hin mudatu jechuu miti. Harka warra Gibxiitti baay’ee gidirfaman (Ba’uu 1:8-22 ilaalaa). Fari’oon saba Waaqayyoo balleessuuf yaale (Ba’uu 1 ilaalaa), garuu Waaqayyo “ilma” isaa (Isiraa’el) Gibxii keessaa baase. Isiraa’el “gosa” Kiristoosi. Akkuma Isiraa’el, Waaqayyo Kiristoosiin Gibxi keessaa baase (Maatewos 2:13-15 ilaalaa). Warri “isa keessa” jiran hunduu sababii “kiristoos keessa” jiraniif garbummaa seexanaa fi cubbuu jalatti qabamanii turan jalaa ba’aniiru (Efesoon 2:1-10 ilaalaa).




# 23. Dha'icha kurnan Gibxii fi waaqolii isaanii irratti ta'e.

Sabni Isiraa'el sababii hojii isaanii isa gaarii ykn sababii cimina humna waraanaa qabaniin hin oolle. Isaan ayyaana Waaqayyootiin fayyan. Firdiin Waaqayyoo dha'icha wal irraa hin cinneen warra Gibxii irratti bu'e (Ba'uu 4-12 ilaalaa). Dha'ichoonni bu'anis faallaa adeemsa uumaman waan dhufan fakkaatu (Uumama 1 ilaalaa). Uumama kan balleessanidha. Dha'ichwwan sun agarsiiftuu humna Waaqayyoo fi aarii inni cubbuu fi waaqolii warra Ormaa waaqessuu irratti qabuu isa xiqqaa dha. Akkasumas immo dha'ichoonni sun ol aantummaa Waaqayyo waaqolii warra Gibxii irratti qabus ni agarsiisu (Ba'uu 12:12 ilaalaa). Tokkoon tokkoo dha'icha bu'anii karaa tokkoon humna biyya Gibxii keessatti guddaadha jedhamee sodaatamu irratti qoosuudha. Akka fakkeenyaatti, Gibxi keessatti, aduu ni waaqessu. Dha'icha sana keessaa tokko dukkanadha, innis waaqoliin warra Gibxii Waaqayyo isa dhugaa irratti aaboo akka hin qabne agarsiisudha. Dha'ichi suniyyuu warra Gibxiitti ayyaana agarsiifamedha. Isaan akeekkachiisa akka isaan otoo firdiin inni dhumaa hin dhufiin qalbii isaanii geeddarachuu qaban isaan taasisudha. Akkasumas warra Isiraa'eliif ayyaana baay'atedha. Otuma dha'ichi sun bu'uuyyuu Waaqayyo saba Isiraa'eliin eegaa ture. Dha'ichoonni sun guutummaa biyya lafaa yeroo sana turaniif iyyuu ayyaana baay'atedha. Akeekkachiisa ayyaanaan guute kan akka isaan yaada garaa isaanii geeddaratan ykn yoo didan akka warra Gibxiitti adabaman isaan taasisudha. Akkasumas yeroo ammaan kanattis akeekkachiisa ayyaanaan guute kan Waaqayyo biraa kennamanidha. Biyyi lafaa cubbuu waaqolii biroo waaqessuu irraa deebi'uu qabu ykn yoo didan immoo akka warra Gibxii balleeffamu. Dha'ichiwwan Gibxi irratti bu'an fakkeenya xiqqoo dha'icha sababii cubbuu fi waaqolii biroo waaqessuutiin guutummaa biyya lafaa irratti bu'uuf jiruuti. Dha'ichoonni guutummaa biyya lafaa kun Mul'ata 6, 8-9, 15-18 keessatti argamuu ni danda'a.



# 24. Fayyinaa fi badisa galaana Diimaatti ta'e.

Yeroo sabni Waaqayyoo biyya Gibxiitii ba'anitti, Waaqayyo itti yaadee deemsa isaanii qajeelchuudhaan akka isaan karaa galaana diimaa darban taasise. Haalli ce'umsa Galaana Diimaa Ba'uu 14 irratti ibsameera. Akkasumas immoo walaloo Ba'uu 15:1-21 keessattis irra deebiin dubbatameera. Walaloon addaa kunis seenaa macaafa qulqulluu keessatti dubbatamaa tureef baay'ee murteessaadha, sababni isaas gartokkeen isaa Faarfannaa 118:14, Isaayaas 12, fi Mul'ata 15:2-4 keessatti irra deebi'ameera. Kutaawwan kan biroon walaloo kana fayyadamanis ce'umsi galaana Diimaa inni jalqabaa kun oolchuu Waaqayyo karaa Kiristoosii fi karaa taateewwan wangeelaatiin saba isaatiif kennuuf jedhu akka ibsu agarsiisaniiru. Yeroo sabni Waaqayyoo karaa Galaana Diimaa oolan, diinonni Waaqayyoo immoo karaa Galaana Diimaa balleeffaman (Ba'uu 14:23-31 ilaalaa). Kanaafuu, akkuma bishaan badisaa Uumama 6-8, galaanni Diimaas milikkita bilisa ba'uu fi firdiiti. Seenaan galaana Diimaas ayyaana Waaqayyo biyya lafaatti agarsiisedha. Biyyi lafaa seenaa kana dhaga'anii yaada garaa isaanii geeddarachuu qabu. Kuni bara Iyaasuu keessa Rahaab irratti ta'eera (Iyaasuu 2:10 ilaalaa). Cuuphaan bishaanii milikkita birmaduu ba'uu kiristaanonni sababii Kiristoosiin argatanidha. Haaluma ittiin sabni Waaqayyoo bishaan galaana Diimaa keessa darbaniin, Kiristaanonnis bishaan cuuphaa keessa darbu.




# 25. Saba Waaqayyoo lafa onaa keessatti.

Erga galaana Diimaa keessa darbaniin booda, sabni sun kallattiidhaan gara biyya abboota isaanii Abrahaam, Yisihaq fi Yaa'iqoobiif abdachiifamee hin galle. Qooda kanaa, lafa onaa keessatti "qoraman". Adeemsi isaan lafa onaa keessa taasisan kun jalqa Ba'uu 16 keessatti ibsameera. Jireenyi isaan lafa onaa keessatti dabarsan kun hanga dhuma Keessa Deebiitti hin goolabamne ture. Sabni sun ammayyuu lafa Waaqayyo isaan abdachiise keessa ammayyuu seenuu baatanis, ayyaanni Waaqayyoo yeroo kana hundumaatti isaaniif baay'atee ture. Yeroo baay'ee Waaqayyo araara isaaniif taasiseera. Waaqayyo sabni sun akka sooratuuf nyaata waaqarraa isaaniif kenneera. Nyaanni kunis Mannaa jedhama ture (Ba'uu 16 ilaalaa). Yeroo isaan bishaan barbaadanitti, Waaqayyo kattaa keessaa bishaan isaaniif baase (Ba'uu 17 ilaalaa). Waaqayyo isaan jidduutti mul'atee akka isaan ittiin jiraataniif seerota gaarii isaaniif kenne (Ba'uu 20 ilaalaa). Waaqayyo Museedhaaf mul'ata Godoo buufataa kennee namootaafis ogummaa kennee akka namoonni ijaaran godhe (Ba'uu 26 ilaalaa). Gaarummaan Waaqayyo isaaniif qabu kun hundi otoo jiruu, yeroo kana hundumaatti sabni Waaqayyoon guutummaatti amanachuu hin dandeenye.  Yeroo baay'ee Waaqayyo irratti guumgumuun isaaf abboomamuu irraa garagalu. Kun Waaqayyoon hin dinqine. Isaan akka isaan abboomamuu didan ni beeka ture. Dhugumaanis, Museen yeroon itti sabni Waaqayyoo sababii abboomamuu diduu isaaniitiin lafa kakuu isaanii irraa fageeffaman akka dhufu dubbatee ture (Keessa Deebii 31:16-17 ilaalaa). Sababii abboomamuu diduu isaaniitiin, yeroon isaan lafa onaa keessatti dabarsan hanga namoonni biyya Gibxii keessa ba'an (Iyaasuu fi Kaaleb irraa kan hafe) hundi dhumanitti waggoota 40 itti fudhate. Sababii Waaqayyoon amanachuu dadhabuu isaaniitiin, sabni sun lafa gaarii isa Waaqayyo isaaniif qopheessetti akka galan hin eeyyamamneef (Ibiroota 3 fi 4 ilaalaa).

.

Arjummaan ajaa'ibsiisaa Isiraa'elonni lafa onaa keessatti argachaa turan gosa arjummaa kiristaanonni Kiristoos keessatti argatanidha. Fakkeenyaaf, inni bidden jireenya isa waaqarra dhufedha (Yoh. 6:22-59 ilaalaa). Haaluma bishaan isa kattaa keessaa ba'e waliin wal fakkaatuu, "bishaan" hafuuraa inni dhugaan Kiristoos keessaa dhufa (1Qorontos 10:4 ilaalaa).



# 26. Sabni Waaqayyoo isa qofa waaqessuu diduu isaanii.

EWaaqayyo saba Isiraa'eliin Gibxii yoo baasee ayyaana isaas isaaniif baay'isee isaanitti of mul'isuyyuu, sabni sun garuu Waaqayyo duratti dhugaa ta'anii mul'achuu hin dandeenye. Waaqayyoon bifa lafarra jiru bocanii waaqessuu hin dhiifne. Inni uumaa waan hundumaa waan ta'eef wanti lafarra jiru kamuu isa bakka bu'uu hin danda'u. Inni akka ofiisaatii waaqeffamuu barbaade qofatti waaqeffama. Kun immoo amantii barbaada. Garuu namoonni akka isaanitti toilette Waaqayyoon waaqessuu barbaadu. Isaan ulfina Waaqayyoo "gadi buusuudhaan" akka uumama lafarraatti akka ilaalamu godhan. Qooda Waaqayyoof abboomamuu, namoonni bifa ofii isaanii barbaadaniin Waaqayyoon uummachuu yaalu (Ba'uu 32 ilaalaa). Erguma namoonni baay'een bifa jabbii warqee irraa hojjetame sanaan booda du'aniillee, namoonni jaalala waaqolii tolfamootiin qabamanii itti fufan. Garuummoo Waaqayyo ulfina isaa waaqolii kan biroo waliin qooddachuu hin barbaadu (Keessa Deebii 4:23-24 ilaalaa). Inni "abidda xaph godhudha, Waaqayyo hinaafaadhas". Har'as kun waanuma hojjetudha.

Isiraa'elonni boodarra gara Isiraa'elitti yeroo ce'anillee, ammas waanuma akkasii godhan (akka fakkeenyaatti, 1 Mootota 12:28-30 ilaalaa). Namnoonni ammallee waaqolii tolfamoo isaanii dhiisuu hin dandeenye. Waaqayyo irraa amantii akka qaban yeroo dubbatanitti illee, waaqolii kan biroo kan akka Ba'aalis ni amanatu ture (1 Mootota 18:21 ilaalaa). Raajonni sobduunis waaqeffannaa akkasii kana ni jajjabeessu. Raajonni dhugaan immoo sababii waaqolii ormaa waaqessaniif Isiraa'elonni akka yakkanii fi qalbii jijjiirrachuu akka qaban labsu, kun hinta'u taanaan akka Addaamii fi Hewwaan , lafa isaanii akka dhaban itti beeksisu (Hose'aa 2: 2-13 ilaalaa). Akka isaan deebi'anii waaqolii tolfamoo hin jaalanneef Kakuun inni haaraa saba Waaqayyoo waliin taasifame. Raajonni dursanii waa'ee guyyaa itti kakuun inni haaraan kun dhugoomuu dubbatanii ture (Hose'aa 2:16-20 ilaalaa). Kakuun inni haaraan kunis du'uu fi du'aa ka'uu Kiristoosiin jalqabe (Luqaas 22:20).



# 27. Abboommiiwwan kurnan.

Waaqayyo bara Musee keessa saba isaa waliin waliigaltee cimaa taasise. Kun Kakuu Moofaa jedhame. Kana kan jedhameefis sababii Waaqayyo gara fuulduraatti saba isaa waliin kakuu haaraa "hundeessuu" dhaaf abdachiiseefidha. Kakuun inni haaraan kan barbaachise sababii kakuun inni moofaa rakkina qabuuf miti. Garuu, kakuun inni haaraan kan barbaachise sababii kakuun inni moofaan laphee namootaa jijjiiruu hin dandeenyeef ture. Saba malee rakkinni Kakuu hin turre! Namoonni ga'ee isaan kakuu isa moofaa keessatti eeguu irratti osoo amanamaniiru ta'ee, silaa "luboota mana mootummaa" fi "saba qulqulluu" warra argama Waaqayyoo guutummaa biyya lafaaf dhiyeessa ta'u ture (Ba'uu 19:5-6 fi Keessa Deebii 4:5-8). Isiraa'elonni dhala namaa warra cubbamaa fi Waaqayyo jidduutti akka araarsituutti akka tajaajilan ture. Kun ta'uu hin dandeenye.

"Abboommiiwwan kurnan" bu'uura kakuu moofaati (Ba'uu 20:1-17 ilaalaa). Isaanis garee lamatti qoodamuu ni danda'u. Abboommiiwwan kurnan keessaa muraasni hariiroo namootaa fi Waaqayyo jidduu jiru irratti xxiyyeeffatu. Muraasni immoo akkaataa ittiin namoonni olla isaanii waliin jiraatan irratti xiyyeeffatu. Seeronni kan biroon abboommiiwwan kurnan hordofanii dhufan immoo akkaataa namoonni jireenya hawaasummaa fi amantii isaanii keessatti abboommiiwwan kurnan hojiitti hiikan irratti hojjetu.


Macaafa Musee (Uumamaa-Keessa Deebii) keessatti, ibsi kennamuu abboommiiwwan kurnanii yeroo lama dhiyaateera: Ba'uu 20 fi Keessa Deebii 5 keessatti. Kutaawwan kun lamaanuu qo'atamuu qabu.

Kiristaanonni bara kanaa kakuu isa moofaa jala akka hin jirre beekuun barbaachisaadha. Dhufaatiin Kirstoos kakuu isa moofaatti xumura gochuun kakuu isa haaraa fi fooyya'aa jalqabe (Ermiyaas 31:31-34, Hisqi'el 36:24-27, Ibiroota 8:13, fi 10:9 ilaalaa). Kiristaanonni seera kakuu isa haaraa kanaa jala jiraatu. Sababii kanaaf, kiristaanonni akka saba Waaqayyoo warra bara kakuu isa moofaa abboommiiwwan kurnan waliin hariiroo kallattii hin qaban. Kiristaanonni abboommiiwwan Waaqayyoo warra gaariif kan abboomamuu danda'an sababii hafuurri Kiristoos isaan keessa jiraatufi dha.



# 28. Kennaa ayyaanaa isa kan Lubootaa.


Waaqayyo akkka dhala namaa waliin jiraachuuf isaan uume. Kun akka ta'uuf immoo, Waaqayyo qulqulluu waan ta'eef namoonnis qulqulluu ta'uu qabu (Lewwoota 11:44 fi 1 Phexiros 1:15-16 ilaalaa). Haa ta'u malee, sababii cubbuutiin, namoonni akka bakka argama isaa irraa fagaatanii jiraatan dirqisiifaman. Kanaaf, akkaataa ittiin namoonni jiraatanii fi bara Museen booda immoo akka ta'utti Waaqayyo waliin hariiroo akka qabaatan gochuuf kakuun hundaa'ee ture. Waaqayyo namoonni akka isatti siqaniif sabni isaa Kakuu isa Moofaa jala akka jiraatan barbaade. Haa ta'u malee, sababii cubbuu Addaamiif, bakka argama Waaqayyootti dhiyaachuun "battalatti" nama hundumaaf banaa hin taane. Cubbuun namootaa "haguugamuutu" irra ture. Waaqayyo qulqulluu waan ta'eef warra cubbuun isaanii akka ta'utti "furameeftu" gara Waaqayyootti dhiyaachuu danda'a. Kun immoo yaada garaa geeddarachuu, kennaawwan, aarsaawwanii fi qaama gidduu seenee aarsaawwan sana Waaqayyoof dhiyeessu barbaada. Waaqayyoo fi namoota jidduutti akka qaama gidduu galuutti kan tajaajilan immoo gareen namootaa luboota jedhamani kaafamanii ture. Luboonni kakuu moofaa qomoo Lewwii keessaa turan. Luboota keessaa immoo lubni addaa "Angafa lubaa" jedhamu tokko ture. Isan qofatu godoo buufata Waaqayyoo keessa iddoo qulqulluu jedhamutti ol darbuu danda'a. Kanas immoo waggaa keessatti yeroo tokko qofa raawwata. Angafni lubaa sun "kan akka" Kiristoosi. Inni angafa lubaa isa dhugaa isa bara baraan saba Waaqayyoof kadhatudha (Faarfannaa 110 fi Ibiroota 5:1-10 ilaalaa). Kiristaanonni bara kanaas immoo lubootadha (1 Phexiros 2:5 fi Mul'ata 1:6 ilaalaa). Kun immoo sababii isaan qomoo Lewwii keessaa dhalataniif miti. Kun sababii isaan "kiristoos keessa" jiraniifi dha. Kiristaanonni tajaajila lubummaa haaraa fi fooyya'aa keessatti tajaajilu.



## 29. Biyya lafaa irratti bakka buufata Waaqayyoo.


Waaqayyo isaa fi saba isaa gidduu tokkummaan akka jiraatuu fi kanaanis namni hundumtuu guutummaa biyya lafaa irratti ulfina akka isaaf fidan barbaada. Sababii cubbuu Addaamiif kun iddoo dhaabaa Eden keessatti ta'uu hin dandeenye. Addaamii fi Hewwaan sana booddee iddoo dhaabaa sana keessa jiraachuu hin dandeenye. Dhalli namaa aaboo isaa jalaa of baasaniyyuu, Waaqayyo immoo baay'ina ayyaana isaatiin karaa namni ittiin isa waliin hariiroo uumuu danda'u hojjete. Godoon qulqullaa'aan iddoo itti Waaqayyoo fi namoonni walitti dhufan akka ta'uuf ture. Waa'ee godoo buufataa ilaalchisee ba'uu keessa boqonnaawwan 13tu jira (Ba'uu 25-31 fi 35-40 ilaalaa). Kunis Waaqayyoo fi namoonni bakka tokko buufachuun isaanii hammam barbaachisaa akka ta'e argisiisa. Godoon qulqullaa'aan fakkiiwwan ija garaagaraa baay'ee of keessaa qaba. Kun kan agarsiisu godoon qulqullaa'aa kun calaqqee iddoo dhaaba Eden ta'uu isaati. Godoon qulqullaa'aa kun wanta bakkaa bakkatti socho'uudha. Saba Waaqayyoo waliin socho'a ture. Boodarra, ijaarsa dhaabbataa ta'e kan bakkaa bakkatti hin sochoone kan mana qulqullummaan jedhamuun bakka bu'e. Ammas boodarra, ijaarsi kun Yesuusii fi waldaadhaan bakka bu'e (Yohaannis 2:18-22, Efesoon 2:19-22 fi 1 Phexiros 2:4-5 ilaalaa). Haaluma iddoo dhaabaa Eden waliin wal fakkaatuun akkuma iji jiru achiis godoo qulqullaa'aa keessas fakkiin ija garaagaraa mul'ate, Waldaanis immoo ija guutummaa biyya lafaatti mul'atu ni qabdi (Galaatiyaa 5:22-23 ilaalaa).

Ijaarsa godoo qulqullaa'aa ilaalchisee dubbiiwwan torbatu jira. Dubbiiwwan arfan kun guyyoota torban uumamaa waliin walitti dhufeenya qabu. Ba'uu 25:1, 30:11, 17, 22, 34, 31:1, 12 ilaalaa. Uumama guyyaa ja'affaa keessatti, namoonni lama uumamuun bifa Waaqayyoo lafa irratti akka mul'isan taasifaman. Kana jechuun iddoo dhaabaa sana guutummaa lafaatti akka fidaniif ture. Dubbii isa ja'affaa godoo qulqullaa'aa waliin wal qabatu keessatti (31:1), namoonni lama ijaarsa godoo qulqullaa'aaf yeroo adda baafaman argina. Uumama guyyaa ja'affaatti, Waaqayyo in boqote. Dubbii isa torbaffaa keessatti (31:12-17), Waaqayyo akka sabni Isiraa'el guyyaa sanbataa eegan abboome. Museen waa'ee wanta barreessaa turee akka beeku fi dubbistootni isaa walitti dhufeenya kana akka hubatan akka barbaadu ifadha. Dhugaan Museen beekee bareessaa ture kun Kiristaanotaaf keessummaa ta'uu hin qabu, sababni isaa ergamaan Phexiros raajonni hundinuu waa'ee waan yeroo sanatti barreessanii ni beeku jedhee dubbateera (1 Phexiros 1:10-12 ilaalaa).




# 30. Israa'el Waaqayyoon amanuu diduu.

Kun ibsa namoota gaadduu 12 otoo Isiraa'elonni laga Yordaanos hin ce'iin dura gara lafa abdachiifamanii turaniitti ergamaniiti. Gaaddonni 12 qomoowwan Isiraa'el 12 bakka bu'u. Gaaddonni kunnii gara lafa isa Waaqayyo isaan abdachiisee tureetti ergamuun akka isaan waa'ee isaa gabaasa/odeeffannoo fidan achiis immoo sabni sun itti seenee biyyicha akka qabatuuf ture. Haa ta'u malee, wanti yaadatti qabachuu qabnu, gaadduun sun hundi halluuwwan garaagaraa naannoo isaanii irraa qabu. Kan Waaqayyo duukaa bu'e hunduma isaanii miti. Gaadduu sana keessa 10 gabaasa gadhee saba Isiraa'eliif fidanii dhufan. Gaadduu lama qofatu gabaasa gaarii fidee dhufe. Sabni sun gaadduuwwan gabaasa gadhee fidan sana dhaggeeffachuun Waaqayyoof abboomamuu didan. Sababii kanaaf, hanga dhaloonni sun hunduu du'utti waggoota 40f lafa onaa keessa jooran (Lakkoobsa 13-14 ilaalaa). Isaan keessaa namoota lama qofatu—Iyaasuu fi Kaaleeb, abdii Waaqayyoo isa gaarii sana amane. Dhimma amantii Kaaleeb waliin wal qabatu Iyaasuu 14:6-12 ilaalaa.




# 31. Waggoota afurtamman eegichaa, jooruu, duukaa bu’uu fi du’uu.

Sababii cubbuutiin, sabni Waaqayyoo battalumatti gara lafa isaaniif abdachiifamee akka galan hin taane. Sababii dubbii Waaqayyoo isa gaariitti amanuu didaniif, sabni Isiraa’el hanga guutummaan namoota ga’eessota ta’anii warri yeroo sana shakkan du’aniitti waggoota 40f lafa onaa keessa jooruuf dirqaman. Waggoootiin 40 joora isaanii kunis macaafa Seera Lakkoobsaa keessatti ibsameera. Baruma kanatti illee, Waaqayyo saba sanatti ayyaada isaa isa guddaa agarsiiseera.



# 32. Lallaboota dhedheeraa sadii kan namoota bara Musee… fi har’a jiraniif ta’u.

Macaafni Keessa Deebii lallaboota dhedheeroo sadii of keessatti qabateera. Waggoottan 40 lafa onaa booddee fi otoo sabni Isiraa’el laga Yordaanos ce’uudhaan gara lafa abdii isaaniitti galuuf hin jedhiin dura kan Museedhaan lallabamanidha. Museen waa’ee “seerota” jireenyaa lafa Waaqayyoo isa gaarii dubbate. Museen akkamitti namoonni jiraachuu akka qaban yoo dubbatellee, namoonni garuu seerota Waaqayyoo kana tarii eeguu akka hin dandeenye ni beeka ture. Isaanis Waaqayyo irratti ka’uun akkuma Addaamii fi Hewwaan ta’uun iddoo gaarii isa kan Waaqayyoo keessaa arii’amuu akka danda’an ni beeka ture (Keessa Deebii 31:27- 29 ilaalaa). Akkasumas immoo erga isaan qalbii jijjiirratanii booda Waaqayyo gaarummaa ayyaana isaatiin gara ofii isaatti akka isaan deebisuu danda’us Museen ni beeka ture (Keessa Deebii 4:25-31 ilaalaa). Museen kunis guyyoota itti Waaqayyo raajii haaraa isa, akka Musee, Waaqayyoon fuulaaf fulatti argu kaasutti akka ta’uu malu ni beeka ture (Keessa Deebii 18:15-19). “Raajiin” kunis Yesuus dha (Yohaannis 1:21, 6:14, 7:40, Hojii Ergamootaa 3:22-23 ilaalaa). Boqonnaawwan Keessa Deebii warri xumuraa lamaan gulaalaa erga Museen du’ee waggaa dheeraan booda yaada isaa “dabaleen” barreefaman. Namni kun nama Waaqayyotti amanuu fi dhufaatii Yesuus isa waa’een isaa caaffata Musee keessatti ibsamee eeggatudha.



## 33. Akkaataa ittiin Seerri kutaawwan macaafa qulqulluu kan biroo waliin hariiroo qabaatu.

Seerri (Uumamaa hanga Keessa Deebii) gutaawwan macaafa qulqulluu kan biroo hunda irraa addadha. Barreessitootni gara boodaa tokkoon tokkoo kutaawwan macaafa qulqulluu keessatti irra deddeebiin Seera waabeffatanii caqasaniiru. Kutaawwan Kakuu moofaa keessa jiran warri kaan lamaanuu Seera waabeffataniiru, Seera caqasaniiru, akkasumas immoo namoonni wantoota Seera keessatti caafamaniif akka abboomaman waamicha taasisaniiru. Kun Kakuu Haaraa keessattis dhugaadha.